Hiika Eeyyeema Waliigaltee

Waliigalteen eeyyeema beekuumsa, fedhii agarsiisuufi warra qunnamtii saalaa keessatti hirmaatan hundinuu murtee waliinii taasisuudha. Hanga jechi ykn gochiichi sochii quunnamtii saalaa keessatti hirmaachuuf fedhii eeyyeemaa haala ifaan ibseetti, waliigalteen jechaan ykn gochaan kennamu danda'a. Calisuufi lakkii jechuu dhiisuun ammoo, mataa isaatiin, waliigalu hinagarsiisu. Hiikaan waliigaltee saalaa, fedhii quunnamtii saalaa anmootaa, mallattoo saalaa/koriyaa, ykn mallattoowwan ibsa saalaa irratti hundaa'uun kan geeddaramu miti.

Gochaa quunnamtii kammiif iyyuu eeyyamuun ykn kanaan dura jiddu isaanii ykn qaama kami waliinuu sochii qunnamtii saalaatiif waliigaluun gochaa qunnamtii saalaa kan biraa kamiif iyyuu waliigaluu hinta'u.

Abbichi gochicha dhiibbaa qoricha fi/ykn alkoolii jala ta'uun kan eegalee yoo ta'ee iyyu eeyyamni barbaachisaadha.

Eeyyamni jalqabarratti kan kennamuufi yeroo kamiitti iyyuu kan ka'u danda'uudha.

Eeyyeemni, bakka namni hindandeenyeetti jechuunis, wayita namni tokko hubachuun sochii qunnamtii saalaa keessatti hirmaachuuf filachuuf dandeettii hinqabaanneetti taasifamu hindanda'amu. Dandeettii dhabiinsi tarii yoo hubannoo dhabaa ta'e ykn irribaan qabame, fedhii malee ittifame, ykn abbichi ofiisaatiin eeyyamu yoo hindandeenye ta'ee, umamuu danda'a. Sadarkaadhuma machii isaarratti hundaa'uunis, namni dhiibbaa alkoolii, qorichawwan, ykn wantoota macheessan kan biraa jala jiru tokko dandeetti waan dhabuuf, kanaafuu eeyyeemuu hindanda'u.

Yoogochichi kan bu'aa dirqisiisuu, sossodaachisuu, humnaan, ykn hubaatiif dorsisuu kamiiniyyu ta'e, eeyyamni kennamu hindanda'amu.

Wayita eeyyanmi haqame ykn kennamu hindanda'amneetti sochiin quunnamtii saalaa dhaabbachu qabaata.

Himannaawwan Amala Alkoolii fi Qorichaa irraa Bilisa Ta'u

Fayyaa fi nageenyi tokko tokko barattoota Rockland Community College keessaa waan hunda caalaa barbaachisaadha. Barattoonni dhuganii fi/ykn qorichatti fayyadaman (fayyadamni sun fadhiin ykn fedhiin ala raawwatamus) wayita balaa sanaatti, miidhaa mana keessaatti raawwatamu, miidhaa irriyoota jidduutti raawwatamu, dhokatanii bira gahuu kan raawwatamu, ykn miidhaan quunnamtii saalaa raawwatamu isaatti sababii sodaa bu'aawwan amala mataa isaanitiin kan ka'ee gochaawwan sana gabaasuuf akka maman RCC n ni hubata. RCC nis barattoonni miidhaa mana keessaatti raawwatamu, miidhaa irriyoota jidduutti raawwatamu, miidhaa dhokatanii bira gahuu raawwatamu, ykn miidhaan quunnamtii saalaa, abbootii angoo dhaabbataatiif akka gabaasaniif cimsee jajjabeessa. Namni gochichi yoo raawwatu bira dhaabbatee arge ykn namni gochaa amantaa sirriidhaan miidhaa mana keessaatti raawwatamu, miidhaa irriyoota jidduutti raawwatamu, miidhaa dhokatanii bira gahuu raawwatamu, ykn miidhaan quunnamtii saalaa kamiyyuu saaxil baasuuf abbaa angoo RCC tti ykn seera raawwachiftootatti gabaasuu, tarkaanfii koodii amalaa imaammatawwan fayyadama alkoolii fi/ykn qorichaa diiguutiin bakka ykn dhiheenya yeroo miidhaa mana keessaatti raawwatamu, miidhaa irriyoota jidduutti raawwatamu, dhokatanii bira gahuu raawwatamu, ykn miidhaan quunnamtii saalaa umamuuf RCC's tiif itti gaafatmaa hinta'an.

Seera Mirgawwan Barattootaa Haaraa Barreefamaan Qopha'ee

Barattoon hundimtu mirgawwan qaban:

Seera raawwachiftoota gandaa fi/ykn poolisii naannootti gabaasa taasisuu;

Miidhaa mana keessaatti raawwatamu, miidhaa irriyoota jidduutti raawwatamu, miidhaa dhokatanii bira gahuu raawwatamu, ykn miidhaan quunnamtii saalaa haala cimaadhaan raawwatame saaxil baasuu;

Waa'ee yakka ykn jeequmsaafi mana murtii ykn adeemsa amalaa keessatti qooda fudhachuu fi/ykn adeemsa haqa yakkaa dhiibbaa dhaabbilee irraa bilisa ta'e saaxil baasuu ykn dhiisuu murtee taasisuu;

Adeemsa haala walqixaan, loogii malee namoota ilaalu, fi hubachiisa gahaafi dhagahamuufis carraa fudhatama qabeessa dhiyeessuu keessatti qooda fudhachuuf;

Kabajaan yaalamuufi dhaabbilee irraa ulfina, waliqixaafi kunuunsa fayyaa kabaja qabeessa ta'eefi tajaajilawwan gorsaa, bakka jirutti;

Namni yaada gabaasu sun wayita yakkichiifi jeequmsi sun raawwatamutti doggogoora keessa jiraa, ykn yakkawwan ykn jeequmsa sana ambisuuf haala addaatiin socha'u qabaata ture jedhu irraa bila ta'u;

Gochicha haala bakka bu'oota dhaabbilee muraasaan hojiirra oluu danda'uufi irra deebiidhaan ibsuudhaaf gaafatamuunn barbaachisaa hintaaneetti gochicha ibsi.

Barataan kamiyyuu, himatamaan fi/ykn deebii kan kennu, fi/ykn irriyoonni isaanii, maatiifi nama beekan garuu baayye kan walitti hindhiyyaanne gadoo dhaabbilee irraa ittifamuu;

Murteedhaaf yoo xinnaate sadarkaa iyyataa tokko argachuu;

Namni gabaasaa taasisee, himatamaa, ykn kan deebii kennu mana murtee ykn haala adeemsaa hundattu, walgahiifi dhageetti mana murtii adeemisichaa walitti dhufeenya qabu hundaa dabaltee, filannoo gorsaa nama gargaaruufi gorsa keennu faana deemu;

Mirgawwan sivilii shaakaluufi jiddu gala qorataa, haaqa yakkaa ykn kan seeraa ykn haala adeemsa dhaabbilee tokko malee amantaa shaakaluu.

Yakkichi ykn jeequmsichi kan raawwatame adaalloo (kaampaasii) irratti ykn alatti ykn yoo biyya alaatti baratamu ta'uus ta'u baatus, garaa garummaa sanyii, bifaa, madda lammummaa, amantaa, amantii, umurii, hir'ina qaamaa, saala, mallattoo ykn ibsa saalaa, ilaalcha quunnamtii saalaa, sadarkaa maatii, ulfaa'uu, haala amalawwan maatiirraa dhalootaan namatti darbu danda'an, sadarkaa loltummaa, sadarkaa miidhaa mana keessaatiif saaxilamu, ykn ilaalcha yakkaa tokko malee, mirigi hojiirra ni oluu.

Polisii Univarsiitiitti ykn Nageenya Eegdoota Kaampaasii, seera raawwachiftoota gandaa fi/ykn Polisii Naannootti gabaasa taasisuu ykn gabaasuu dhiisuu filachuuf mirga qabda; gochicha dhaabbata keetti gabaasuu; waan gochicha gabaasteef gadoo dhaabbilee irraa ittisamuuf; fi dhaabbata kee irraa gargaarsaafi qabeenyaa fudhachuuf mirga qabda.